Hojii dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa uummataa fi mootummaa manneen hojii Mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa fi jaarmiyaalee uummataa keessatti bittinaa’ee ture giddu-gala tokkoo jalatti hoogganuu fi Aangoo dhimmicha irratti Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaaf Labsii Lak. 214/2011 keewwata 7(39-41) jalattii tumammee akka raawwatuu angeeffameera :

## HAALA WALIIGALAA KENNIINSA TAJAAJILA DHIMMOOTA HARIIROO HAWAASAA

Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Ilaalchisee Aangoo fi Gahee Mana Hojichaa fi Caasaalee Isaa Manni Hojichaa fi caasaaleen isaa dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa uummataa fi mootummaa kabachiisuu ilaalchisee Aangoo fi gahee armaan gadii ni qabaata.

1. Manneen Hojiifi Dhaabbilee Misooma Mootummaa Naannichaa, akkaataa barbaachisummaa isaatti jaarmiyaalee ummataa bakka bu’ee himata hariiroo hawaasaa ni hundeessa; ni falma; deebii ni kenna; dhimmoota falmiin jalqabame gidduu seenuudhaan ni falma; murtii kenname bu'uura seeraatin ni raawwachiisa;
2. Waliigalteewwan manneen hojiifi dhaabbilee misoomaa mootummaa naannichaa qaama biroo waliin taasisan ilaalchisee seera qabeessummaa isaa ni xiinxala; gorsaafi deeggarsa seeraa ni kenna;
3. Dhimma hariiroo hawaasaa manneen hojii yookiin dhaabbileen misooma Mootummaa Naannichaa irratti waldhaban ilaalchisee dhimmichi mana murtii yookiin mana murtiin ala mala filannoo jiruun akka furamu ni murteessa; bu'uura murtichaatiin raawwatamuu isaa ni mirkaneessa;
4. Namoota himannaa hariiroo hawaasaa banachuuf yookiin falmachuuf humna dhaban keessumaayyuu dubartoota, daa'imman, qaama miidhamtootaa fi maanguddoota bakka bu’ee ni falma; akka falmamu ni taasisa;
5. Namoota gocha yakkaatiin miidhaan irra gahee fi himata dhiyeeffachuu fi falmuuf humna hin qabne bakka bu'ee beenyaa akka argatan himannaa hariiroo hawaasaa ni dhiyeessa; ni falma yookiin walta'iinsa ni taasisa.

## **Hojiiwwan gurguddoo istaandardii Hojii Hariiroo Hawaasaa itti raawwataman**

1. Odeeffannoo, gabaasa fi gaaffiwwan adda addaa fudhachuun galmeessu ----------- daqiiqa 30
2. Tajaajila gorsa seeraa kennuu -------- Afaaniin yoo ta'e sa'aa 1:30 barreeffaman yoo ta'e hanga guyyaa 2 fi sa'aa 2:45
3. Waliigaltee Bulchiinsaa wixinessuun qopheesuu ------ guyyaa 2-5
4. Waliigaltee bulchiinsaa qophaa'e gulaaluu ----- guyyaa 1
5. Mala filannoo waldhabdee hiikutti fayyadamuun furmaata kennuu------ guyyaa 10
6. Himata qopheesuu ----- guyyaa 3-8
7. Deebii qopheesuu ----- guyyaa 3-8
8. Qabeenya himatamaa adda baasuun dhorkisiisuu------- guyyaa 3
9. Ajaja mana murtii ykn waraqaa waamichaa baasisuun deebii kennaa qaqqabsiisuu-- guyyaa 1
10. Beellama mana murtitti dhiyaachuun falmii gaggeessuu -- akkaataa beellamaatiin
11. Komii ykn deebii ol'iyyannoo qopheessuu ----- guyyaa 3-5
12. Iyyata ykn deebi ijjibbaataa qopheessuu ------ guyyaa 5
13. Himata ykn deebii raawwii qopheessuuf ----- guyyaa 5
14. Himata raawwii qabeenya ykn maallaqa murtii yakkaatiin ykn seeraan akka dhaalamu murtaa'e, adabbii maallaqaa fi dirqama wabummaa bahuu dhabuu galii akka ta'u murtaa'ee qopheesuun dhiyeessuu -------------- Guyyaa 10
15. To'annaa fi hordoffii dhimma hariiroo hawaasaa manneen hojii gaggeessuu -- Ji'a ji'aan gabaasaan, kurmaana kurmaanaan qaamaan argmanii ilaaluu.
16. Iyyata maammilaaatiif furmaata kennuu ------ Sa'aatii 2

## Ulaagaa Kenninsa Tajaajila Hojiiwwan Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa

| Lak. | Tajaajila BAAWO kennamuu | Qaama Tajaajaila Kana Argtu | Ulaaagaa Tajaajilichi Baarbaadu | Yeroo Itti Raawwatamu |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Gorsa seeraa | Mana Hojii Mootumaa Ykn Dhabbilee Misooma Mootummaa | 1. Dhimmichi ergama, kaayyoo, aangoo fi ga'ee hojii mana hojii mootummaa, gaaffii dhiyeessee faana kan walqabatu tahuu qaba.<br>2. Qabiyyeen gaaffiichaas ragaalee ykn sanadoota barbaachisoo ta'an qabatee, bifa iftoomina qabuu fi haala namni hubachuu danda'uun dhiyaachuu qaba.<br>3. Gaaffichi darbiinsa yeroo seeraan ka'ameen kan hin daangefamne ta'uu qaba. | Afaniin yoo ta'e sa'a 1:30 barreeffaman yoo ta'e hanga guyyaa 2 fi sa'a 2:45 |
| 2 | Gorsa seeara | Harka Qalleeyiif | 1. Harka qalleeyyii ta'uu isaa ganda keessa jiraatu irraa ragaa agarsiisu Mana Murtii Hawaasummaa Gandaa irraa dhiyeeffachuu qaba.<br>2. Namni gaaffii tajaajila gorsa seeraa dhiyeesse dhimma dhiyeesse irra dantaa kan qabu ta'uu ragaa agarsiisu dhiyeeffachuu qaba.<br>3. Qabiyyeen gaaffichaas ragaalee ykn sanadoota barbaachisoo ta'an qabatee,<br>4. Formaatii dhimma kanaaf Mana hojii Abbaa Alangaa Waliigala tiin qophaa'e irratti fedhii isaa mallattoodhaan ibsachuu qaba. | Afaniin yoo ta'e sa'a 1.30 barreeffaman yoo ta'e hanga guyyaa 2 fi sa'a 2:45 |
| 3 | Gorsa seeraa | Dubartootaa, Daa'immanii, Qaama Miidhamtootaa Fi Maanguddootaa | 1. Haala kamiinuu qabeenya qaban irratti ajajuun mirga isaanii kabachiifachuu haala hin dandeesifnerra kan jiran yoo ta'e ragaa haala isaanii ibsu ganda keessa jiraatan irraa dhiyeeffachuun tajaajila gorsa seeraa argachuu ni danda'u.<br>2. qaamoleen gocha yakkaatiin miidhaan qaamaa cimaan irra qaqqabe kanneen akka dubartootaa, daa'immani, maanguddootaa fi qaama miidhamtoota ta'an tajaajila gorsa seeraa argachuudhaaf ragaa haala keessa jiran agarsiisu dhiyeessuudhaaf hin dirqaman. | Afaaniin yoo ta'e sa'a 1:30 barreeffaman yoo ta'e hanga guyyaa 2 fi sa'a 2:45 |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 4 | Wixinee Waliigaltee Gulaaluu fi Qopheessuu | Manneen Hojii Mootummaa, Dhaabbilee Misooma Mootummaa Yookiin Jarmiyaalee Ummataa | 1. Qaamoleen gaaffii wixinee waliigaltee gulaaluu mana hojichaa fi caasaalee isaaf dhiyeessan wixinee waliigaltee akka gulaalamuuf gaafatan barreeffamaan haard-kooppii fi sooft-kooppiin dhiyeeffachuu qabu.<br>2. Wixineen waliigaltee manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa yookiin jarmiyaalee ummataatiin gulaalliif dhiyaatu kunis lakkoofsa, guyyaa, mallattoo Hoogganaa ykn I/A/Hoogganaa fi Chaappaa qaama akka gulaalamuuf gaafatuu qabaachuu qaba.<br>3. Manni hojii mootummaa yookiin dhaabbileen misooma mootummaa odeeffannoo yookiin ragaa dabalataa waliigaltichi faayidaa uummataa fi mootummaa akka eegsisu taasisuuf gargaaru yemmuu mana hojichaa yookiin caasaalee isaatiin barreeffamaan gaafataman kennuuf dirqama qabu. | Waliigaltee Gulaaluun Guyyaa 1 |
| 5 | Qophii Wixinee Waliigaltee | Manneen Hojii Mootummaa, Dhaabbilee Misooma Mootummaa Yookiin Jarmiyaalee Ummataa | 1. Gaaffiin deeggarsa qophii wiixinee waliigaltee kan dhiyaachuu qabu barreeffamaan ta'ee akka barbaachisummaa isaatti qaamaan, poostaadhaan, faaksii fi imeeliidhaan dhiyaachuu danda'a.<br>2. Gaaffiin deeggarsa wixinee waliigaltee qopheessuu fudhatama yoo argate Manni Hojichaa yookiin caasaaleen isaa ogeessa qophii wixinee irratti hirmaachuun deeggarsa kennu ramadamuun wixinichi akka qophaa'u ni ta'a. | Wixinee waliigaltee qopheessuu dhiyaatee 2- Guyyaa hojii Mootummaa 5 |
| 6 | Dhimmootni Waldhabden Uumaman Mala Filannoo Biroo Waldiddaa Hiikuu | Manneen Hojii Mootummaa, Dhaabbilee Misooma Mootummaa Yookiin Jarmiyaalee Ummataa | 1. Gaaffii seerummaa mana hojii irraa qaban ibsu<br>2. Ragaalee dhimmaa kanaaf rogummaa qaban hunda<br>3. Barreefamichis gabaabinaan ijoo waldhabdeen irratti ka'e kan ibsuu fi gaaffii gaafatan kan of keessatti qabate ta'ee, mallattoo itti gaafatamaa olaanaa mana hojichaatiin kan mallattaa'e ta'uu qaba. 4.Qaamni waldhabdeen jidduu isaanitti uumame kamiyyuu dhimmichi mala filannoo biroon waldiddaa hiikutiin akka | Guyyaa 10 |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | | | ilaalamuuf fedhii isaanii kan ibsuu qaban barreeffamaan ta’ee mallattoo hoogganaa ol’aanaa ykn bakka bu’aa mana hojichaa ykn dhabbatichaa ykn nama dhuunfaa kan qabu ta’uu qaba | |
| 7 | Dhimma Falmii Hariiroo Hawaasa | 1.ManneenHojii Mootummaa Dhaabbilee Misooma MootummaaYookiin Jarmiyaalee Ummataa<br>2.Namootaa deeggarasa addaa barbaadan<br>3. Harka Qalleeyiif | 1.Gaaffii Seerummaa Qaama Kamiyuu Irraa Qaban<br><br>2.Ragaalee barreeffamaa /Sanadoota adda addaa; himannaa /deebii kennuuf ol iyyannaa / de/keenuuf / giddu seenuuf gargaaran 3.Tarree ragaa namootaa fi dhimmoota ragaaleen kun himannaa keessatti ijoo isaan mirkaneessuu danda’an | 1. Himata qopheessuu guyyaa 3-8<br>2.Deebii qopheesuu guyyaa 3-8<br>3.Qabeenya himatamaa adda baasuun dhorkisiisuu guyaa<br>4. komii ykn Deebii ol’iyyannoo qopheessuu---- guyyaa 3-5<br>5. Iyyata ykn deebi ijjibbaataa qopheessuu ------ guyyaa 5<br>6. Himata ykn deebii raawwii qopheessuuf ----- guyyaa 5 |
| 8 | Murtii Raawwachiisuu | Manneen Hojii Mootummaa, Dhaabbilee Misooma Mootummaa Yookiin Jarmiyaalee Ummataa | 1. Murtii mana murtii kamittuu mur’aeefi darbiinsa yeroon kan hin daangeefamnee .<br><br>2.Murtii jaarsoolii Araaraan kennamee<br><br>3.Qabeenyaa Abbaa idaa adda baasanii beeksisuu | Guyyaa 10 |
| 9 | Iyyannaa Furmaata Kennuu | Maammila | 1.Iyyaanoo Afaaniin Ykn Barreeffaman Dhimmaa Furmaannii Itti Kennamuuf Barbaadan | Sa’aatii 2 |